Qajeelfama Odiitii Keessaa Dhaabbata Tajaajilaa Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'a Oromiyaa Murteessuuf ba'e lakkoofsa 04/2013

Sirna Oditii keessaa diriirsuun qisasama qabeenyaa Dhaabbatichaa keessatti uumamuu danda'u hir'isuunyookiin hambisuu yoo raawwatamee argamees karaa itti dhaabbatichaaf deebi'uu danda'u diriirsuun barbaachisaa waan ta'eef; Hojimataa Ogeessii bilisa ta'ee oditii itti gaggeessuu danda'uu dirirsuun galmaga'insa hojii kanaafis sirna mataa isaa danda'ee lafa kaa'uun waan barbaachiseef;

Bu'ura labsii Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Naannoo Oromiyaa lakk. 228/2012 kew.74(2) fi Dambii Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Naannoo Oromiyaa lakk 222/2013 bahen, Labsii fi Dambicha haala guutuu ta'een hojiirra oolchuuf Biiroon Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa aangoo kennameefiin qajeelfama kana baaseera

KUTAA TOKKO

Tumaatilee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun **''qajeelfama odiitii keessaa Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatii Fi Dhangala'aa Magaalaa yookiin Baadiyyaa Gandoota Hedduu Oromiyaa lakk.**04/2013 jedhamee wamamuu danda'a.

2. Hiika.

Akkaatan jechichaa hiikka biroo kan kennisiisu yoo ta'e malee hiikni, jechoonni fi himoonni qajeelfama kana keessatti kaawwaman hiika armaan gadii ni qabaatu.

1) "**Biiroo**" jechuun Biiroo Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa jechuudha.
2) **Boordii''** jechuun Boordii Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Magaalaa yookiin Baadiyyaa Gandoota Hedduu ol'aantummaadhaan akka gaggeessuu fi hoogganuuf Labsii kanaan hundaa'e jechudha.
3) "**Dhaabbata**" jechuun Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatii Fi Dhangala'aa Magaalaa yookiin Baadiyyaa Gandoota Hedduu keessatti tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa ummataaf kennuuf hundaa'e jechuudha.
4) **''Too'annoo keessaa''** jechuun kaayyoo fi galmi dhaabbatichaa amma barbaadame akka deemu gaggeessitoota dhaabbatichaatiin tarkaanfiif akka tolu sirna diriiredha.

5) **"Gaggeessaa Hojii"** jechuun nama hojii Dhaabbatichaa ol`aantummaa dhaan karoorsu, qindeessu, gaggeessuu fi bulchu dha.

6) **"Karoora"** jechuun, sagantaa hojii tokkoon tokkoo oditiin keessaa Dhaabbatichaa bara baajataa tokko keessatti raawwachuuf karoorfate jechuudha.

7) **"Gabatee Yeroo Karooraa fi dhiyeessa Gabaasaa"** jechuun, oditiin keessaa dhaabbatichaa karoora bara baajataa, akkasumas, bu'aa raawwii karoorichaa irratti hundaa'uudhaan bu'aa irra gahe qindeessuudhaan Gageessaa hojii fi Dhaabbatichadhaaf yeroo itti-dhiheessudha.

8) **"Odiitara"** jechuun qaama seerummaan kennamee fi oditara keessaa, oditara alaa ykn oditara qaama mootummaa irraa ramadamuu sirna Bulchiinsa Faayinaansii fi Bajataa,qabeenyaa hojiira olmaa fi hojmaataa kan sakata'uu fi argannoo kan dhiyessuu dha

9) **"Abbaa Adeemsa Hojii Odiitii Keessaa"** jechuun adeemsa hojii odiitii dhaabbatichaatti ramadamuun of jalatti odiitaroota kan bulchu, kan gaggeessuu fi kan hogganudha.

10) **"Odiitara Keessaa Jechuun"** Adeemsa hojii odiitii keessatti ogeessa gahee hojii tokko irratti ramadamee hojjetuudha.

11) **"Odiitara Alaa"** jechuun Dhaabbata ykn nama herreega Dhaabbata adda addaa akka sakata'an seeran eeyyamameefii herreega Dhaabbatichaa sakatta'an jechuudha.

12) "Sodaa ykn Sodaaf saaxilamuu" jechuun, dhaabbaticha keessatti sababa dadhabbina sirna to'annoo keessaa diriiree irraa kan ka'ee ykn sababa sirni to'annoo keessaa diriiruu dhabeen rakkoo uumamuu danda'udha,

13) "Sadarkaalee Odiitii Keessaa" jechuun, raawwannaan odiitii kan gurmaa'ee fi sirna hojjimataa waaltinnaa'e, tooftaalee fi sadarkaalee qajeeltoowwan raawwii fudhatama qaban hordofuuf dandeessisanidha,

14) Galmee Dhaabbii" jechuun, hojii odiitii fuula-duratti gaggeeffamaniif kan gargaaran, kanneen hojii odiitii waliin-wal-qunnamtii qaban, ragaalee seenaa qabeessa ta'anii fi sanadoota murteessoo ta'an kan gurmaa'anii itti-qabamanidha.

15) "Galmee Yeroo" jechuun, ragaalee bara baajataa odiitii taasifamaa jiruu waliiin wal-qunnamtii qabanii fi faayila waraqaaleen hojii odiitii gurmaa'anii itti-taa'anidha.

16) "Waraqaalee Hojii Odiitii" jechuun, yaadannoo tartiibni qajeelfamootaa yeroo odiitiin gaggeeffamu itti-fayyadamaman, tooftaa odiitii fi bu'aaleen odiitiidhaan irra gahaman itti- qabamuudha,

3. **Ibsa Koornayaa**

Qajeelfama kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. **Daangaa Raawwatiinsaa Qajeelfamichaa**

Qajeelfamni kun Dhaabbataa,Feedereshinii, yuuniyeenii fi waldaa Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Oromiyaa hunda keessatti raawwatiinsa ni qabaata .

5. **Kaayyoo Qajeelfamichaa**

Qajeelfamni kun kaayyoo armaan gadii galmaan ga'uuf bu'uura kan godhatee dha.

1) Horataalee fi qabeenya guddaa Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Oromiyaa keessa jiru bifa iftoomina qabu, hammayyaa'aa fi bu'aa qabeessa ta'een sirnaa fi hojimaata diriiree jiruun diinagdummaan isaa eeggamee gahumsaa fi qusannoodhaan hojiirra olchuun qisaasama qabeenyaa hambisuun bu'aa dabalataa itti fufiinsa qabu mirkaneessuuf;
2) Dhaabbanni tokko kaayyoo fi galma isaa milkessuuf tattaaffii taasisu keessatti odiitiin keessaa bulchiinsaa soda (risk management) jiru, sodaa too'annoo keessa fi bulchiinsa waliigalaatin walqabatee mul'atu adda baasee beekudhaan gamaaggamuun yaadni fooyya'iinsaa akka kennamu taasisuuf;
3) Odiitiin keessaa amansiisummaa fi sirrummaa ragaalee, imaammataawwan, karoora, seerota, dambii fi qajeelfamootaa akkasumas eegumsaa fi itti fayyadama horataalee fi qabeenyaa mirkanessuuf humna gargaaru akka ta'u taasisuudha.
4) Gaggeesitootaa fi hojjetonni Dhaabbaticha itti gaafatamummaa isaanii haala ga'umsa qabuun baahachuu akka danda'an sirna too'annoo keessaa diriirfamee fi seeroota, imaammata, dambiiwwan, qajeelfamootaa fi hojiimaata jiraniin hojiin hojjetamuu isaa odiitii taasisee mirkaneessuudha.
5) Odiitiin keessaa kan hundeeffameef sirna raawwii odiitii hamayyaa'aa ta'e hordofuudhaan hojimaata Dhaabbatichaa fi to'annoo keessaa gamaaggamee sodaa (risk) jiru adda baasee beekee mala hojiin dhaabbatichaa ittiin bu'aa argamsiisuu danda'u irratti maaneejimantiif tajaajila gorsaa kennuun galma gahiinsa kaayyoo Dhaabbatichaatiif gumaachuudha.

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti, Biiroo Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa
The Regional Government of Oromia Oromia Water and Energy Bureau

KUTAA LAMA

Sadarkaalee Fi Aangoo Fi Itti Gaafatamummaa Oditii Keessaa

6. Sadarkaalee Odiitii Kessaa (Internal Auditing Standards)

Odiitaroonni keessaa itti gafatamummaa itti kenname haalaan bahuu akka danda'an sadarkaa ogummaa odiitii kessaa hordofuu qabu. Sadarkaaleen ogummaa kun, sadarkaa addummaa (attribute standard), sadarkaa raawwii (performance standard) fi sadarkaa hojiirra oolmaa odiitii keessaa (implimentation standard) jedhamani iddo saditti qoodamu.

7. Sadarkaa Addummaa Odiitii Keessaa (Attribute Standard)

Oditiin keessaa Kaayyoo, Aangoo fi Itti-gaafatamummaa armaan gadii ni qabata:

1) Kaayyoo, aangoo fi itti gaafatamummaan odiitii keessaa sadarkaalee odiitii waliin haala walsimuun chaarteriin qophaa'ee Manajimantii dhabbatichaatiin mirkanaa'uu qaba.
2) Chaarteriin Odiitii keessaa dhaabbanni misoomaa qopheeffatu kaayyoo Adeemsa hojii odiitii keessaa, caaseffama isaa, itti gaafatamummaa qabu, hojiiwwan hojjetu, iitti waamama isaa, daangaa hojji isaa, aangoo isaa fi kkf kan of keessatti kan hammatu ta'a.

8. Walabummaa fi Dhiibbarraa Bilisa Ta'uu Odiitarootaa

1) Hojiin odiitii keessaa dhiibba irraa bilisa ta'ee hojjetamuu kan qabu yoo ta'u odiitaronni keessaas yeroo hojii isaanii hojjetan walabummaan ta'uu qaba.
2) Dhaabbaticha keessatti odiitaroonni keessaa hojiin isaanii akka hin daangeffamne, bal'ina odiitichaa fi tooftaa ittiin hojjetan akka murteeffatan carraa kan kennuu fi hojii ogummaa isaanii bilisa, walaba fi ragaa qabatamaa irratti hundaa'uun hojjechuun akka isaanirra jiru kan isaan angeessu dha.
3) Kan keewwata kana kewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti tumamee jiraatuus odiitaroonni keessaa seerota, danbiiwwan fi qajeelfamoota dhaabbatichaatiin ba'an kabajuuf dirqama qabu.
4) Odiitaronni keessa ragaalee hojichaaf barbaachisaa ta'an harshammeewwanii fi galmeewwan ilaaluu, akkasumas itti gaafatamtoota sadarkaa sadarkaan jiranii fi hojjettoota dhimmi ilaallatu haasofsiisuuf mirga guutuu qabu.
5) Kan keewwata kana kewwata xiqqaa 4 jalatti tumamee akkuma jirutti ta'ee Qaamni odiitii taasifamu ragaalee odiitaroonni gaafatan maaliif akka barbaadanii fi odiiticha wajjiin walitti dhufeenyi inni qabu maal akka ta'e gaafachuu ni danda'u. Ragaan barbaadame hojii odiitiif

ta'uu isaa ibsuun barbaachisaa ta'ee, ibsi bal'aan kan kennamu akka barbaachisummaa oditichaatti kan murtaa'u ta'a.

6) Kan kewata kana kewwata xiqqaa 5 jalatti tumamee jiraatus badii qabatamaa mul'ate irratti hundaa'uun yoo ta'e garuu qaama odiitii taasifamuuf ibsa bal'aa kennuun barbachisaa yoo ta'uu baatellee raga odiitaroonni barbaadan kennuun dirqama ta'a.

9. Bilisa Ta'uu Caaseffama Odiitii Keessaa

1) Adeemsii hojii Odiitii keessa itti waamamnii isaa Hojii Gageessaa Dhaabbatichaaf ta'a.
2) Itti gaafatamaan odiitii keessaa hojii isaa bilisaan hojjetee mamii tokko malee akka gabaasu itti waamamni isaa gama ogummaatiin Biiroof yoo ta'u, gama bulchiinsaatiin immoo Hojii Gaggeessaa Dhaabbatichaaf ta'a.
3) Itti waamamni ogeessota odiitii keessaa Abbaa Adeemsaa Odiitii keessaf ta'a.
4) Baay'ini waamama gita hojii odiitii keessaa haala bal'ina hojii fi baay'ina dame dhabbatichaa irratti kan hundaa'u ta'a.
5) Sadarkaan gita hojii Odiitii sadarkaa gitaa hojii Adeemsaalee hojii ijoo wal-qixa ta'u qaba

10. Walabummaa Odiitarootaa Keessaa

1) Odiitaroonni keessaa ejjennoo qoqoodamaa fi wal-dhahaa akkasumas walitti bu'iinsa faayidaa hin mallee dhabamsiisuu qabu.
2) Odiitaroonni keessaa hojii odiitiin ala hojjetaman kan akka hojimaata dhabbatichaa qophessuu fi diriirsuu, odiitii dursaa fi hojii wal-harkaa fuudhinsa akkasumas sochii hojii guyyaa guyyaa dhabbatichaa murteen booda hojii odiitii keessaa gaafatan irratti hirmaachuu hin qaban.
3) Itti-gaafatamaan odiitii keessaas qaboo yaa'ii manajimantii irratti hin mallattessu.
4) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti tumamee akkuma jirutti ta'e dhimmoota naannoo beekumsa isaanii jiruun deggersa manajimentiif kennuu qaban irratti hirmaachuun qaboo yaa'ii manajimeentiis ni mallatteessu.

11. Walabummaan Odiitaroota Qajeeltowwan Armaan Gadii Irratti Hundaa'a

1) Odiitaroonni keessaa hojii isaanii yeroo hojjetan ilaalcha kam irraa iyyuu bilisa ta'uu qabaachuu qabu. Oditicha ilaalchisee yaada qaama biraa irraa kenname dirqamaan deggaruun irraa hin eeggamu.

2) Hojiin odiitaroota keessaa ragaa qabatamaa fi firii argame irratti hundaa'uun kan irra jiraatu yoo ta'u, qulqullina hojii isaanii kan hir'isu wanti tokko illee akka hin jirre mirkaneffachuu qabu.
3) Odiitaronni keessaa yeroo ragaalee sassaaban, madalan, yaada irratti kennan, yaada xumuraa fi foyya'insaa yeroo dhiyeessan walabummaa ogummaan gaafatu, barbaachisummaa fi amanamummaa adeemsa odiitichaa mirkaneessuutu irra jiraata.

12. **Eegumsa Ogummaa Odiitii Keessaatiif Taasifamu**

Abbaan Adeemsaa odiitii keessaa fi odiitarootni odiitii raawwachuu irra otuu jiranii yookiin sababa odiitii taasisanii argannoowwan argatan gabaasa dhiyeessaniif hojii odiitii gufachiisuudhaaf jecha sadarkaa irraa gad-buusuu, dabala mindaa fi guddina sadarkaa dhoorkuu, fedhii isaaniitiin ala gita hojii isaanii irraa jijjiiruu fi kan kana fakkaatan raawwachuun dhorkadha.

13. Ga'umsa Ogummaa fi Ofeeggannoo (proficiency and Due Professional Care)

1) Odiitaroonni keessaa hojii irratti ramadaman hojjechuu kan qaban gahumsa ogummaa qabaatanii haala of-eeggannoo qabuun ta'uu qaba.
2) Dhaabbaticha, Federeeshinii, yuuniyeenii yookiin Waaldichaa keessatti ramadamanii Oditeeroonni hojjechaa jiran gahumsi ogummaa isaanii kan mirkanaa'e fi namuusa amansiisaa ta'e qabaachuutu isaan irraa eegama.
3) Itti gaafatamaan odiitii yeroo hojirraa geggeeffamu/ka'uu Boordii fi Biiroon mirkanaa'uu qaba.

14. Sagantaa Qulqullinaa Mirkanessu fi Foyyessuu (Quality Assurance and Improvement Program)

1) Hojiin odiitii keessaa qulqulluu fi sadarkaa isaanii kan eeggate ta'uu qabu.
2) Hojiin odiitii keessaa qulqulluu fi sadarkaa isaanii kan eeggatan ta'uuf gahumsaa fi naamusa ogessi odiitii qabu, adeemsa hojiin odiitii ittiin raawwatamee fi qabatamummaan ragaawwanii walitti dabalamee qulqullina akka qabaatan taasisuudhan.
3) Itti gaafatamaan odiitii hojimaatni qulqullina kana mirkaneessu, humna namaa barbaachisuu fi leenjii kennamuu qabuu dhabbaticha keessatti akka guutamu taasisuuf dirqama qaba. Kanaafis yeroo yeroon sagantaan bahe hojiirra ooluu qaba.
4) Sagantaan bahus odiitii keessaa tiif sona (Value) dabalataa akka uumamu, hojimaata odiitii foyyessuuf kan gargaaru fi sadarkaa odiitii keessaa fi naamusni ogummaa eegamee

hojiiwwan kan hojjetaman ta'uu isaa mirkaneeffachuuf kan dandeechisu ta'uu qaba.Haalli raawwii isaa yoo xiqqaate waggaatti yeroo lama koree odiitiitiin gamaaggamamuu qaba.

5) Gamaagamni Qulqullina Sagantaa Irratti Taasifamu kanneen Armaan Gadii ni Dabalata
   (a) Odiitiin keessaa dhaabbaticha keessatti naannoo hojii hanqina qabu adda baasee beekuun to'achuun akkasumas bulchiinsa gaarii mirkaneessuu keessatti hirmaannan inni qabaatu.
   (b) Odiitiin kessaa sadarkaa oditichaa fi dambii naamusaa eegee hojjechaa jiraachuu isaa
   (c) Odiitii keessa tiif aangoo, kaayyoo, galma, imaammataa fi hojimaatni chaartariin kennameef gahaa ta'uu isaa,
   (d) Odiitaroota keessaatiif leenjiin kennamuu isaa fi leenjichis bu'aa barbaadame argamsiisuu isaa
   (e) Seeronni, dambiwwanii fi qajeelfamonni barbaachisoo ta'an haala barbaaddamuun hojii irra ooluu isaanii.
   (f) Fooyya'iinsi walduraa duuban taasifamu akkuma jiruun hojiitti jijiiramuu isaani fi kanaanis jijiiramni argamuu isaa.
   (g) Hojiiwwan odiitii keessaa yeroo yeroon gamaaggamamaa sadarkaa fudhatama qabu irra gahu isaanii kan mirkanessu ta'uu qaba.

14. Sadarkaa Raawwii fi Hojii irra oolmaa Oditii keessaa

Sadarkaan raawwii fi hojiirra oolmaan odiitii keessaa kanneen armaan gadii of keessatti qabata:

1) Adeemsa Hojii Odiitii Kessaa Hogganuu (Managing The Internal Audit Activity) walqabatee Biiroon hojiin odiitii keessaa dhabbatichaaf sona (Value) dabalataa haala uumuu danda'uun raawwatamaa fi ogganamaa jiraachuu isaa mirkaneeffachuun hogganuutu irra jiraata. Sadarkaa sadarkaanis caaseffama, hojimaata fi humni namaa kana raawwatu jiraachuu isaa mirkaneeffachuu qaba.
2) Bulchiinsaa Sodaa (Risk Management) ilaalchisee Odiitiin kessaa haala ifa ta'een adeemsota hojii sodaaf saaxilamoo ta'an (hanqina raawwii qaban) adda baasee gamaagamuun, gama bulchiinsa soda fi sirna too'annoo fooyyessuutin maaneejimantiif deeggarsa taasisuu qaba. Kunis Odiitiin kessaa sirni bulchiinsa soda Dhaabaticha keessatti diriirfame gahaa ta'uu isaa maaneejimantii dhabbatichaatiif mirkaneessuu akka qabu kan agarsiisudha.

3) itti gaafatamummaan odiitii keessatiif kenname sirni bulchiinsa sodaa dhabbaticha kessatti diriiree waliigalaatti qabeenya dhabbatichaa, maqaa gaarii, faayidaa fi hojiiwwan sochiirra jiran eeguuf gahaa ta'uu isaa gamaggamee yaada deeggarsaa kennuun kan irraa eeggamu ta'a.
4) Karoora Hojii Odiitii Kessaa (Plan of Engagement) hanga danda'ametti adeemsaalee hojii hunda ilaaluuf kan isa dandeessiisu kaayyoo fi galma hojii odiitii, hojiiwwan hojjetaman, sagantaa yeroo raawwii, humna namaa fi baajataa ittiin raawwatamu akkasumas sirna hordoffii fi gamaaggamaa of kessatti kan haammatu ta'uu qaba.
5) Karooriri akkataa kewwata kana kewwata xiqqaa 4tiin qophaa'us qabxiilee gurguddoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuu qaba:

(a) Argannoowwan hojii odiitii keessaa fi alaa kessatti mul'atan sagantaa kaa'amee kessatti tarkaanfiin fudhatamaa jiraachuu isaanii;
(b) Naannowwan Sodaa adda bahanii beekkamanii (risk areas) fi sirna sodaawwan kana ittiin too'achuuf ykn bulchuuf kaa'ame;
(c) Fedhii odiitii Hoggantoonni ol'aanon sadarkaa sadarkaan jiran qaban;
(d) Bulchiinsa horataalee fi daldala dhabbatichaa waliin dhimmota walqabatan;
(e) Adeemsaalee hojii, tajaajilootaa, sochii fi sagantaalee hojii;
(f) Sirnoota fi too'annoowwan irratti jijjiirama ifaan taasifame ykn taasifamuu qabu;
(g) Carraawwan bu'aa qabeessummaa galmaan geechisuu dandeechisan, haala fi gufuuwwan jiran akkasumas tarkaanfilee dhabamsiifamuu qaban;
(h) Hojiiwwan itti fufiinsa qabanii fi akka sirreeffaman odiitaroota alaatiin yaadni irratti kennamee, Hojimaata fi Adeemsaalee hojii deddeebi'ee rakkoon keessatti mul'ate;
(i) Haalota aadaa hojii gaari fi bu'aa qabeessummaa fi kkf gufachiisan;
(j) Hojimaata bu'aa qbeessummaa itti fayyadama qabeenyaa fooyyessu.
(k) Hojii odiitii hammayyessuuf hojiiwwaan hojetamuu qabanii fi qophii barbaachisoo ta'an.
(l) Dhaabbatichi dirqama bahuu qabu yeroon bahuu dhabuu isaatin balaa inni geessisuu fi tooftaa tarkaanfin sirreeffamaa ittiin fudhatamu;
(m) Ragaalen hojiin Faayinaansi fi kan biroo Dhaabbaticha keessatti ittiin hojjetaman amansiisa fi guutuu ta'uu isaa mirkaneeffachuu;
(n) Sochiin hojii dhaabbatichaa bu'a qabessaa fi kaayyoo isaa galmaan gahuuf kan gargaaru ta'uu isaa mirkanessuu.

(o) Amansiisummaa bulchiinsa sirnoota fooyya'iinsi irratti taasifamee fi yaa'insa ragaalee mirkaneessuu.

(p) Seerota, danbiwwan, murteewwan fi waliigalteewwan seeraan hojirra ooluu isaanii mirkanessuu;

(q) Bu'aaleen, galteewwan, ergamni fi mul'anni dhaabbatichaa haala barbaadamuun qophaa'ee qaamni ilaallatu hundi akka beeku ta'ee hojiirra oluu isaa;

(r) Kaayyoowwan galma gahuu isaanii hordoffiin yero yeroon taasifamaa jiraachuu isaa;

(s) Sirni itti gaafatamummaa fi bulchiinsa gaarii jiraachuu isaa;

(t) Mirgaa fi faayidaan dhaabbatichaa fi qooda fudhattootaa (stake holders) eegamuu isaa mirkanessuu irratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba.

(u) Durfamee karooraan kan hin qabamne odiitiin addaa akka taasifamu Gageesaan hojii , Boordii, Biiroon ykn mana murtiin yoo ajajamu odiitii taasisuu qabu.

6) Akkuma waliigalaatti karoorri akkataa keewwata kana kewwata xiqqaa 1-5 tiin qophaa'u aangoo chaartariidhaan Adeemsa hojii Odiitii keessatiif kenname waliin kan walsimuu fi kaayyoo Dhaabbatichaa irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.

7) Kaayyoon odiitii kessaa karoora hojii adda bahee beekamee fi baajatni qabameefii hojjetamuu qabuu akkasumas raawwiin hojii isaa kan safaramu ta'uu qaba.

8) Karoorri oditii keessaa Dhiyeessuu fi Mirkaneessisuu (Plan and Approval)kan danda'amu akkataa armaan gaditiin ta'a:

(a) Abbaa adeemsaa hojii odiitii kessaan karoora odiitii, baajata barbaachisuu fi galteewwan adda addaa qabu qopheessun manajimentii waliin waliigaltee irra gahanii mirkaneefamuu qaba.

(b) Karoorri odiitii mirkanaa'e yeroon Biiroof ergamuu qaba.

15. Qindoomina (Coordination)

Hojiin uwwisa odiitii gahaa akka argatu gochuu fi dedeebii hojii hambisuuf Ittigaafatamaan odiitii keessaa odiitaroota alaa fi Adeemsaalee hojii biroo waliin ragaalee barbaachisaa ta'an waljijiirudhaan hojichi haala qindoominaan hojjetamu mijeessuu qaba.

16. Daangaa Raawwii Hojii Odiitii (Engagement Scope)

1) Daangan raawwii odiitii karooricha keessatti kaa'ame kaayyoo Adeemsa hojii Odiitii galmaan gahuuf gahaa ta'uu qaba.
2) Daangan raawwii odiitii akkuma waliigalaatti sirnoota, sanadoota, hojjetoota, qabeenya kanneen itti gaafatmummaa qaama sadeffaa jala jiru dabalatee tilmaama keessa kan galche ta'uu qaba.

17. Hojii Odiitiif Qabeenya Ramaduu (Engagement Resource Allocation)

1) Abbaan Adeemsaa odiitii kessaa kaayyoo karoorfame galmaan gahuuf qabeenyi gahaan ramadamuu isaa mirkaneeffachuu qaba.
2) Namni hojii odiitii irratti ramadamu amala hojii odiitii walxaxaa fi yeroon murtaa'aa ta'e waliin madaallamee bu'aa garii argameen ta'uu qaba.

17. Sagantaa Hojii Odiitii (Engagement work program)

1) Odiitaroonni keessaa sagantaa hojii kaayyoo odiitii galmaan gahuuf dandeesisu qopheeffachuun galmeeffatanii qabachuu qabu.
2) Sirni odiitii, gosni odiitii fi tooftaan saammuudni itti fudhatamu dursee filatamuu kan qabu yoo ta'u barbaachisaa fi halli kan dirqisiisu yoo ta'e garuu saganticha bal'isuus ta'ee jijjiiruun ni danda'ama.
3) Sagantaan odiitii hojiin osoo hin jalaqabamiin dura Abbaa Adeemsaa Odiitiitin mirkanaa'uu kan qabu yoo ta'u fooyya'insi sagantaas yoo taasifame irra deebi'amee mirkaneessifamuutu irra jiraata.

18. Hojii Odiitii Raawwachuu (Performing The Engagement)

1) Odiitaronni kessaa kaayyoo odiitii galmaan gahuuf akka isaan dandeechisu ragawwaan gahaa ta'an adda baasun tarreessuu, gamaaggamuu fi galmeessanii qabachuu qabu.
2) Kaayyoo Adeemsichaa tarreessuu fi gamaaggama fiixaan baasuu akka isaan dandeesisu, ragaawwan gahaa, amansiisaa fi faayidaa qaban adda baasanii beekuun irraa eegama. Kunis yaadni xumuraa fi bu'aan oditichaa ibsaa fi gamaaggama barbaachisaa kan bu'uureffate akka ta'u isa taasisa.

3) Ragaan akkataa keewwata kana kewwata xiqqaa 1tiin haala kanaan sassaabamee fi ibsamee qabamu (barreeffamni hojii odiitii) yaada xummuraa odiitarri barreessu kan deggeru ta'uu qaba. Barreeffamni hojii odiitii waraqaalee adda addaa, Teppii, CD, Fiilmii fi meeshaalee kkf birootiin qabamuu ni dnada'u. Ragaan barreeffama waraqaan ala meeshaalee birootin kan qabaman yoo ta'e kooppiiwwan gahaan of-eeggannoof ta'an akka jiraatan gochuun barbaachisaadha.
4) Barreffamni hojii odiitii qabeenya dhaabatichaa ta'uun isaa ni beekkamaa. Itti gaafatamtoonni odiitii kessaa barreeffamoonnii fi harshameewwan odiitii akkamitti akka eegaman, yeroo ammamiitiif eegamuu akka qabanii fi namoota dhaabbaticha kessa jiraniifis ta'ee qaama alaatiif yeroo ragaan barbaadamu akkamitti kennamuu akka qabu sirna /hojimaatni qopheessamuu qabu. Sirni/siysemnii kun qajeelfama hojii dhabbatichaa fi seerota biroo waliin kan walsime e ta'uu qaba.

19. Too'annoo Hojii Odiitii Irratti Taasifamu (Engagement supervision)

1) Qaamaa Ragaawwan sassaabuu xiinxaluu, hiikuu fi galmessanii qabachuu irratti too'annoo fi hordoffiin jiraachuu qaba.
2) Gochaan tuma kewwata kana kewwata xiqqaa 1tiin taasifamus oditarichi walaba ta'uu isaa, qulqullinni hojii eegamuu isaa, ogeessonni hojicha irratti hirmaatan hojichaaf gahumsa qabaachuu isaanii, leenji fi guddina ogummaa isaanii mirkaneeffachuuf, yeroo fi baasii to'achuu fi walumaagalatti kaayyoon adeemsa odiitii galma gahuu isaa mirkaneessuf ta'uu qaba.

20. Qabiyyee Gabaasa Odiitii (Content of Audit Report)

1) Odiitaroonnii kessaa kurmaana kurmaanaan gabaasni isaan dhiyeessan kan sadarkaa isaa eeggate ta'uu qaba.
2) Gabaasni akkataa kewwata kana kewwata xiqqaa 1tiin taasifamuus kaayyoo, daangaa raawwii, yeroo odiitiichaa, qaama odiitii taasifamu irraa deebbiiwwan kennamanii fi yaada hojii odiitii keessaa bahumsaa (exit conference) manajimantii waliin taasifame, argannoowwan odiitii fi yaada xumuuraa hojiitti jijjiramuu danda'u fi yaada sirreeffamaa of keessatti qabate, Biiroo fi Hojii Gageessaaf dhiyaatuu qaba.

3) Gabaasni odiitii giddutti ykn dhuma irratti dhiyaachuu kan qabu yoo ta'u gabaasni hojii gidduutti dhiyaatu (Interim Report) barreeffamaan ykn jechaan kan qophaa'u ta'ee haallii inni itti dhiyaatu idilee ykn al-idileen ta'uu danda'a.

21. Qulqullina Gabaasaa (Quality of Report)

Gabaasni odiitii hiikkaa kan qabuu fi faayidaa qabeessa ta'uu kan danda'u dhugaa, walaba, ifa, gabaabaa, yaada ijaarsaa, guutuu fi kan yeroo isaa eggate yoo ta'e dha.

Kanaafuu, Gabaasni odiitii ulaagaa qulqullina gabaasaa armaan gadii guuttachuu qaba:

1) Safartuu Gabaasaa

Gamaagamni argannoo fi hojiin mirkaneessuu yeroo raawwatamu sadarkaalen faayidaa irra oolan fi safartuulen haaluma armaan gaditti tarreeffameen kan xiyyeeffannoo keessa galu ta'a:

(a) Labsiiwwan, Dambiiwwan, Qajeelfamoota fi kkfn hojjetamuu isaa;
(b) Secca'uu herregaa /Account analysis/ taasifamuu isaa;
(c) Kutaalee hojii sodaaf (Risk) saaxilamoo ta'an irratti xiyyeeffachuu isaa;
(d) Yaada ogeessaa walaba ta'ee;
(e) Kaayyoowwan waliigalaa qaiama odiitii ta'u waliin ilaalamuu isaa;
(f) Ilaalchaa fi haala hojiin itti hojjetame xiyyeeffannoo keessa kan galche ta'uu isaa;

2) Haala (Condition)

Oditarichi yeroo oditii sirrummaa waan irra gahamee mirkaneessuu qaba.

Oditiin haalli irra gahame yeroo ibsamutti qabxiiwwan kanaa gadii giddugaleessa godhachuu qaba;

a) Yeroo oditii wanti irra gahme sirrummaa isaa mirkaneessuu;
b) Waan irra gahame qindeessuun gabaasa gochuu;
c) Qabxiiwwan xixiqqaa irra dhimmoota gurguddoo irratti xiyyeeffachuu;
d) Dogonggoora irra dedeebi'aman akka fakkeenyatti fudhachuudhaan haala ifa ta'een ibsuu;
e) Odiitarichi bu'aa odiitii irra gahee dhimma duraan ibsameef waliin ilaaluun dhugummaasaa ibsuu;

3) Sababa (Cause)

Bu'aa fi haalli odiitiidhaan irra gahame sababa ittiin mul'ate ibsuun barbaachisaadha Sababa garaagarummaan waan eeggamuu fi waan irragahame jidduu jiru haala armaan gadiitin

ibsamuu ni danda'a:

a) Hanqina dandeetti qaama odiitii ta'uu ykn hojjetaa;
b) Hir'ina of-eeggannoo, xiyyeeffannoo fi tattaaffii gahaa gochuu dhabuu;
c) Ilaalchi sirrii fi haqa qabeessa ta'e jiraachuu dhabuu;
d) Qajeelfamoota, sirnna raawwii hojii fi dambii yeroon itti darbe fayyadamuu;To'annoo fi hordoffiin gahaa ta'e jiraachuu dhabuu;
e) Rakkooleen akka uumamuu danda'an dursanii beekuu dhabuu;

4) Firii odiitii (Effect)

Firii oditiidhaan irra gahame sirritti ibsuun naannoo tarkaanfiin irratti fudhatamuu qabu agarsiisudhaaf ni gargaara. Kanaafuu firiin (bu'aansaa) haala kanaa gadiitiin ibsamuu qaba.

(a) Hir'ina maallaqa callaa fi qabeenyaa,
(b) Hir'ina raawwii Galii/sassaabbii galii/ irratti mul'ate,
(c) Baasii seeraan alaa mul'ate,
(d) Hanqina To'annoo fi hordoffii kan akka maallaqaa, qabeenyaa, humna namaa, baasii biroo fi kkf,
(e) Badii dalaguu, mancaasuu fi waliin-dhahuu,
(f) Ragaa sirrii hin taane, fayidaa hin kennine fi fudhatama hin qabne,
(g) Horata qusannaa malee ykn karaa bu'a qabeessa hin taaneen bahe,
(h) Hojiiwwan haala waliigalteetin hin raawwatamne,
(i) Walitti qabamaawwan (Recivables) fi kaffalammaawwan (Payables) yeroo isaa eeggatee hin raawwanne,
(j) Qabeenyi maqsamuu qabu yaa'iinsa isaa eeggatee hojii irra ooluu dhabuu fadha.

5) Yaada Furmaataa

Hojiin odiitii erga raawwatee booda oditarichi yaada furmaataa kennuu qaba. Yaadni furmaata kennamus:

(a) Gabaabaa/murtaa'a ta'u qaba.Tarkaanfii akka fudhatamu murtaa'e sirritti ibsuu qaba
(b) Hojii irra kan ooluu fi seera qabeessa ta'uu qaba.Yaada hojiitti jijjiiruun hin danda'amne irraa of-qusachuudhaan tarkaanfiwwan hojii irra ooluu danda'an

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti, Biiroo Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa
The Regional Government of Oromia Water and Energy Bureau

qofa gabaasa keessatti ibsuu fiYaadni fooyya'insa dhiyaatu baasii fi bu'aa inni argamsiisu waliin kan ilaalame ta'uun irra jira.

(c) Haala darbee fi kan fuula duraa waliin deemuu kan danda'an ta'uu qabu. Rakkoolee armaan duraa ka'umsa isaa agarsiisaa, rakkooleen akka itti hin fufne kan gargaaruu fi badii qaqqabeef itti gaafatamaa ol'aanaa dhaabatichaatiin hanga danda'ametti tarkaanfii seeraa fudhachuuf kan dandeessisu yaadni dhiyaachuu qaba.

(d) Ka'umsa /sababi isaa kan wal-dhahu ta'uu hin qabu. Argannoowwan irra gahame yaada waldura duubaan dhiyaatuun wal ta'iinsa isaa kan eeggate ta'uu qaba.

22. Bu'aalee Odiitii Rabsuu (Disseminating Results)

1) Hojiin odiitii erga raawwatamee booda gabaasni odiitii itti gaafatamaa Odiitiitiin gudunfamee ykn xumuramee mallatteeffamuun Hojii Gaggeessaa dhiyeessudhan garagalchaan Biiroof ykn Caasaa sadarkaan jiruuf dhiyaachuu qaba.
2) Hojii Gaggeessan gabaasni isaa gahee hanga guyyaa 20 itti gabaasa odiitii bu'uura godhachuun qabxiiwwan gabaasa keessatti eeraman irratti tarkaanfii sireefamaa fudhatamu ykn fudhatamuuf karoorfame abbaa hojichaa, daangaa yeroo sirreeffamni itti taasifamuu itti qaboo yaa'ii manajimentii qabachuudhaan taarkaanfii sirreefamaa ni fudhata. Biiroos ni beeksisa,. Adeemsa hojii Odiitii keessas beeksisuu qaba.

23. Gabaasa Dhiyaate Irratti Tarkaanfii Fudhatame Hordofuu (Monitoring Progress)

1) Itti gaafatamaan Odiitii qabxiiwwan gabaasa odiitii keessatti kaa'aman irratti dhimmoota tarkaanfiin irraatti fudhatamee fi hin fudhatamin adda baasee Biiroo, Boordii fi Hojii gageessaa beeksisuu qaba.
2) Hojiin Gageessaa dhaabbatichaa dhimmoota tarkaanfiii barbaadan irraatii tarkaanfii fudhachuuf itti gaafatamummaa qaba. Tarkaanfii hin fudhatu taanan rakkoo tarkaanfii fudhachuu dhabuu isaatin walqabatee uummamuuf itti gaafatamummaa ni fudhata.

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa
The Regional Government of Oromia Water and Energy Bureau

24. Itti Gaafatamummaan Hojii Odiitii Kan Hin Hambifne

Hojiin odiitii odiitaroota keessatiin hojjetamu hojii too'annoo addaan hin cinne , Hojjettootni fi hoggantootni dhimmi ilaalu guyyaa guyyaan hojjetaniin kan bakka bu'uu miti.

KUTAA SADII

25. Naamusa Ogummaa Odiitii Keessaa (Professional Code of Ethics)

Odiitarootni keessaa Dhaabbilee qajeeltoowwan naamusaa armaan gaditti ibsamanii kabajuutu irraa eeggama.

26. Amanamummaa

Amanamummaan odiitaroota keessaa tajaajila ogummaa gumaachan bu'ura godhachuudhan yaada madaalawaa kennan irratti amantaa fi fudhatamni akka jiraatu ni taasisa.

Raawwii seeran alaa ogummicha xureessu fi faayidaa Dhaabbatichaa miidhu irratti kallattiinis ta'ee kallattiin ala osoo hin hirmaatin seerota ittiin hojjetan/Labsiiwwan, Dambiiwwanii fi Qajeelfamoota/ bu'uura ogummaan isaanii eeyyamuun ifa godhanii ittifayyadamuudhan ta'ee kanneen armaan gadii tilmamaa keessa kan galchee ta'uu qaba:

1) Hojii isaanii amanamummaa, qajeelummaa, of-eeggannoo, si'aayinnaa fi itti gaafatamummaan raawwachuu qabu;
2) Seeraa /labsiiwwan, dambiiwwanii fi qajeelfamoota/ ittiin hojjetan bu'ura ogummaan isaanii eeyyamuufin odeeffannoo ifa gochuu qabu;
3) Raawwii seeraan alaa ogummicha xureessuu fi faayidaa Dhaabbatichaa miidhan irratti kallattiinis ta'ee kallattiin ala hirmaachuu hin qabani;
4) Kaayyoo dhaabbatichaa fi dambii naamusa ogummaa kabajuun hojii irra olmaa Kaayyoo dhaabbatichaaf gahee mataa isaanii ni gumaachu.

27. Walabummaa Oditaroota keessaa

Oditeroonni keessaa hojii isaani yeroo raawwatanitti walabummaa isaani akkataa armaan gadiin kan egan ta'uu qabu:

1) Hojii odiitii taasisaniif gama ragaalee adda addaa walitti qabanii gamaagamuu fi bu'aa isaa beeksisuutin walaba ta'uu isaanii ifatti mul'isuu qabu;

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti, Biiroo Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa
The Regional Government of Oromia Oromia Water and Energy Bureau

2) Yeroo dhimmoota barbaachisoo irratti yaada kennan faaydaa isaaniitiif osoo hin bitamne ykn namoota biroon osoo hin dhiibamine murtii haqa-qabeessa kennuuf itti-gaafatamummaa qabu;
3) Hojii oditii raawwachuu qaban irratti hojii gatii dhabamsiisuu danda'u ykn dhabamsiisuu danda'a jedhamee yaadamu keessatti hirmaachuuf ykn namoota hojii akkasii adeemsisan waliin qunnamtii qabaachuu hin qaban;
4) Yaada bu'uraa hojii odiitii keessatti argatan dhiibbaa kamiinuu osoo hin hirr'isin ykn hin faallessin ibsuu qabu;
5) Yaada fi murtee isaanii irratti dhiibbaa hin taane kan geessisu ykn ni geessisa jedhamee dhimma yaaddamu kamiiyyuu fudhachuu hin qaban;

28. Iccitii Eeguu.

Oditarootni keessaa akkataa armaan gaditiin Iccitii eguu qabu:

1) Hojii Gaggeesaan ykn Abbaa adeemsa hojii odiitii keessaa yoo heeyyame malee ykn hojii seeraaf barbaachisaa yoo ta'e malee carraa hojii isaaniitiin odeeffannoo argatan icciitiin eeguu qabu,
2) Odeeffannoo hojii oditiitiin argatan of-eeggannoodhaan qabuu fi hojii odiitiif qofa itti fayyadamuutu irraa eegama;
3) Odeeffannoo yeroo odiitiin taasifamu argatan bu'aa dhuunfaa isaaniitiif yookiin dhimmoota seeraan alaa yookiin kaayyoo naamusa Dhaabbatichaa waliin kan wal-faallessuuf oolchuu hin qaban.

29. Ga'umsa Ogummaa.

1) Odiitaroonni keessaa gahee hojii beekumsa, ogummaaa addaa, dandeettii qabanii fi muuxannoo barbaachisu guutuu danda'an qofa irratti hirmaachuu qabu.
2) Tajaajila odiitii keessaa sadarkaa ogummaa odiitii Addunyaa eeggateen hojii odiitii raawwachuu qabu,
3) Ga'umsa, bu'aa qabeessummaa fi qulqullina tajaajila isaanii yeroo yeroon otuu walirraa hincitin fooyyessuu qabu.
4) Ittigaafatamaan fi oggeessi odiitii barumsa walitti dhufeenya qabuu fi muuxannoo ogummaa odiitiitiin yookiin hojii faayinaansii kan qaban ta'uu qaba.

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa
The Regional Government of Oromia Water and Energy Bureau

30. Itti-Gaafatamummaa

Itti-gaafatamaan odiitii fi odiitaroonni keessa hojiin odiitii hojjetan dambii fi naamusa ogummaa odiitii hordofuun ta'uu isaa mirkaanessuf ittigaafatamummaa qabu.

Kutaa afur

Tumalee adda addaa

31. Dirqama Biiroo

Biiroon Bishaanii fi Inerjii Oromiyaa hojii odiitii Dhaabbilee Taajajilaa Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'a safisiisuu fi fiixaan baasuuf akkaata barbachisuumaa isaatti Odiiteeroota Dhaabbilee Taajajilaa Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'a walitti fiduun hojii Odiitii Dhabbilee kana gageessuu/raawwachuu danda'a.

32. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Namni kamiyyuu dhimmoota qajeelfama kana keessatti tumaman hojiirra oolchuuf qaama dhimmi ilaaluun yeroo gaafatamu deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

33. Qajeelfamoota Haqaman

Qaajeelfmoonni odiitii keessaa kamiyyuu qajeelfama kanaan kan walfaallessan fudhatam hin qabaatan.

34. Qajeelfamicha Fooyyessuu

Biiroon Bishaanii fi Inerjii Oromiyaa barbaachisaa ta'ee yeroo argametti qajeelfamicha walakkaan yookiin gutumaan guututti foyyeessuu ni danda'a.

35. Yeroo Qajeelfamichi Itti Ragga'u

Qajeelfamni kun sadaasa guyyaa 27 bara 2014 irraa kaasee kan hojii irra kan ooluu ta'a.

Inj.Miliyoon Baqqalaa Damissee

Hoggantuu Biiroo Bishaan fi Inarjii Oromiyaa
Sadaasa Guyyaa 27,Bara2014
Finfinnee

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti, Biiroo Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa
The Regional Government of Oromia Oromia Water and Energy Bureau